

## **Gorsaafi Qindeessaa**

Alamuu Hayiluu

## **To'ataa Qulqullinaa**

Muhaammad Namoo

### **Qopheessitoota:**

Abdiisaa Gannatii

Dambee Turcee

Darajjee Mokonnin Qana'aa

Mitikkuu Dibbeessaa

### **Seecca'oota:**

Fiqaaduu Qana'aa

Muhaammad Abdoo

### **Giraafiksii:**

Dhaqqaboo Guyyee

Solomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

# Baafata

## Qabiyyee

## Fuula

Barannoo 1: Tokkeen Maali?	3
Barannoo 2: Waa Jajuu	7
Barannoo 3: Hibboon-Tayii	10
Barannoo 4: Tiksee Sobduu	13
Barannoo 5: Faaruu Hirmaanaa	15
Barannoo 6: Eebba Manguddoo	17
Barannoo 7: Binoo-Bineentii	20
Barannoo 8: Muka Mukkurree Ganne	23
Barannoo 9: Tuqaa	26
Barannoo 10: Hiibboo	28
Barannoo 11: Jimaa-Jimiitee	31
Barannoo 12: Beenu Niduullaa	33
Barannoo 13: Sangoota Sadan	36
Barannoo 14: Firooma Abbaa	40
Barannoo 15: Firooma Haadhaa	42
Barannoo 16: Dhugaafi Dhara	44
Barannoo 17: Manguddoota Keenya	46
Barannoo 18: Mi'oota Ulfoo Gadaa	49
Barannoo 19: Taakkiyyee	53
Barannoo 20: Mammaaksaa	56

## Barannoo 1: Tokkeen Maali?

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- haala taphaan lakkoofsa uumama wajjiin walqabsiisuun nibaratti.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba daa'imni fakkii kitaaba irra jiru tokko tokkoon akka ilaaltu gochuun maal akka hubatan gaafachuun duub-deebii kenni. Itti aansuun, tapha 'Tokkeen Maali? jedhu daa'ima tokko waliin haala armaan gadiin taphachuun itti agarsiisi. Dhuma irratti, daa'imman lama lama ta'anii akka taphatan gochuun duub-deebii kenni.

**Daa'ima: Tokko maali?**

**Barsiisaa: Tokkeen tokkittuma.**

**Daa'ima: Lama maali?**

**Barsiisaa/tuu: Lamaan mucha re'ee; tokkeen tokkittuma.**

**Daa'ima: Sadii maali?**

**Barsiisaa/tuu: Sadan sunsummanii; lamaan mucha re'ee;**

tokkeen tokkittuma.

Daa'ima: Afuri maali?

Barsiisaa/tuu: Afran mucha sa'aa; sadan sunsummanii;

lamaan mucha re'ee; tokkeen tokkittuma.

Daa'ima: Shan maali?

Barsiisaa/tuu: Shanan quba harkaa; afran mucha sa'aa;

sadan sunsummanii; lamaan mucha re'ee;

tokkeen tokkittuma.

Daa'ima: Jaha maali?

Barsiisaa/tuu: Jahan jabbii qaraxaa; shanan quba harkaa;

afran mucha sa'aa; sadan sunsummanii;

lamaan mucha re'ee; tokkeen tokkittuma.

Daa'ima: Torba maali?

Barsiisaa/tuu: Torban naannoo Sanbataa; jahan jabbii

qaraxaa; shanan quba harkaa; afran

muchaa sa'aa; sadan sunsummanii; lamaan

muchaa re'ee; tokkeen tokkittuma.

Daa'ima: Saddeeti maali?

Barsiisaa/tuu: Saddeettan dhala leencaa; torban

naannoo Sanbataa; jahan jabbii qaraxaa;

shanan quba harkaa; afran mucha sa'aa;

sadan sunsummanii; lamaan mucha re'ee;

tokkeen tokkittuma.

Daa'ima: Sagali maali?

Barsiisaa/tuu: Saglan Yaa'ii Booranaa; saddeettan dhala

leencaa; torban naannoo Sanbataa; jahan

jabbii qaraxaa; shaman quba harkaa; afran

muchaa sa'aa; sadan sunsummanii; lamaan mucha

re'ee; tokkeen tokkittuma

Daa'ima: Kudhan maali?

Barsiisaa/tuu: Kudhan boolla saddeeqaa; saglan Yaa'ii Booranaa;

saddeettan dhala leencaa; torban naannoo

Sanbataa; jahan jabbii qaraxaa; shanan quba

harkaa; afran mucha sa'aa; sadan sunsummanii;

lamaan mucha re'ee; tokkeen tokkittuma.

Barsiisaa/tuu, daa'imni tapha kana irraa lakkofsaan ala maal akka baratan gaafachuun duub-deebii kenni; fakkeenyaaaf, re'een mucha lama qabdiifi kanneen kana fakkaatu.

Oromiyaan bal'aa waan taateef, taphni kun bakka adda addaatti haala adda addaan taphatamuu nidanda'a. Fakkeenyaaaf, Torban naannoo Sanbataa' kan jedhu bakka birootti ammoo, 'Torban Torbii Buusoo' yookiin 'Torban Buusaa Waqqa' fi kanneen kana fakkaatan jedhamuu danda'u. Kanaafuu, daa'imni haala qabatama naannawa isheetiin akka taphattu jajjabeessi.

Barsiisaa/tuu, wantoota daa'imman hojjatan afaaniin itti himi. Daa'immanis, sana hordofaa, akkeessaa osoo itti hin yaadiin akka baratan gochaa deemi.

Daa'imni tapha kana fakkaatu kan beektu yookiin maatii gaafattee daree keessatti akka taphattu gochuufi taphicha irraa maal akka baratte akka walitti himtu gochuun duub-deebii kenni.

## Barannoo 2: Waa Jajuu

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- bifa taphaatiin uumama nidinqisiifatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, daa'imni fakkii kitaaba irra jiru ilaaltee waa'ee fakkiilee kanneenii waan beektu akka himtu taasisi. Amala wantoonni fakkiin agarsiifaman qaban keessaa maaltu akka ishee dingisiisu gaafadhu. Itti aansuun, tapha "Waa Jajuu" jedhu haala armaan gadiin jalqaba daa'ima tokko waliin taphachuun itti agarsiisi. Sana booda, daa'imman lama lamaan shaakalsiisi. Dhuma irratti, daa'imni tapha kana taphachuun uumama dingisiifachuu danda'uu ishee yommuu isheen taphattu duuka bu'uun hordofuun iddo barbaachisaa ta'etti deeggarsa kenni.

Fakkeenya:

Daa'ima: Waa jajuu; naaf himi.

Barsiisaa/tuu:

- Samii utubaa malee dhaabbatu;
- Lafa dhisaa malee diriirte;
- Bishaan ooficha malee yaa'u;
- Bofa miila malee deemu;
- Lukkuu mucha malee guddistu;
- Gaangee dhala malee hafte;
- Huummoo dhibee malee aadu;
- Hiddii soora malee gabbattu;

Daa'ima : Sirriidha; argatteetta.

Haaluma kanaan, daa'imman tapha kana lama lamaan dabaree  
dabareen akka waliin taphatan gochuun duub-deebii kennaa  
deemi. Daa'imman tapha biroo kana fakkaatu  
kan beekan yookiin maatii gaafatanii daree keessatti akka  
taphatan gochuun shaakalsiisi.

Fakkeenyaaaf, tapha armaan gadii dabalataan taphachiisuun  
hubannoo daa'immanii hordofuuun duub-deebii kenni.

Gaafataa: Waa jaha jajuu; naaf himi.

Gaafatamaa:

- Naachi korma galaanaati;

- Aduun korma guyyaati;
- Addeessi korma halkaniiti;
- Butten/weessoon korma dhadhaati;
- Mammaaksi korma dubbiiti;
- Bookni korma daadhiiti;

Barsiisaa/tuu, taphni kun bakka adda addaatti maqaa adda addaa qabaachuu danda'a. Akkasumas, akkaataan itti taphatamu bakka bakkatti garagara ta'uu danda'a. Kanaafuu, daa'imni haala qabatama naannoo isheetti jiruun akka taphatan taasisi.

## Barannoo 3: Hibboon-Tayii

Wayitii: 8



**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni:

- miseensota maatii ollaa walii isaanii addaan nibaafatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii ijoolee kitaaba daa'imaan irra jiru akka ilaalan gochuun waan tilmaaman akka himan godhi. Itti aansuun, daa'imman miseensota maatii isaanii akka walitti himan godhi. Sana booda, maatii kee (haadha, abbaa, ijoolee dhiiraafi dubaraa qabdu baay'ina isaanii) tokko tokkoon itti himuun akkaataa taphichaa itti agarsiisi. Kunis, maatii keessaa haadha warraa, haadha warraa, jibicha, raada ...jechaa itti himi. Jibichi mucaa, raadni mucayyoo ta'uun itti himi. Kana booda, daa'ima tokko waliin haala armaan gadiin taphachuun itti agarsiisi. Haaluma kanaan, daa'imni fakkii kitaaba isaanii irra jiru ilaalaan akka taphatan taasisi.

Itti aansuun, daa'imman lama lamaan walcinaa taa'anii miseensota maatii isaanii (abbaa, haadha, obbolaan dhiiraafi dubraa jiran) akka walitti himan gochuun taphicha seera isaa eeganii akka taphatan taasisi.

Barsiisaa/ tuu, daa'imni tapha 'Hibboon-tayii' taphachuun miseensota maatii walii isaanii addaan baafachuu danda'uu ishee yommuu isheen taphattu hordofuun duub-deebii kenni.

Fakkeenya:

Barsiisaa/Gaafataa: Hibboon- tayi

Daa'ima/Gaafatamaa: Tayi

Barsiisaa: Abbaa warraan tayi

Daa'ima: Tayi

Barsiisaa: Haadha warraan tayi

Daa'ima: Tayi

Barsiisaa: Jibichaan tayi

Daa'ima: Tayi

Barsiisaa: Raadaan tayi

Daa'ima: Tayi

Barsiisaa: Warra afur kana tayi jedhii naaf himi;

Daa'ima: Maatii keeti.

Barsiisaa: Sirriidha!

Barsiisaa/tuu, daa'imni tapha biroo kana fakkaatu kan beektu  
yookiin maatii gaafachuun daree keessatti akka taphattu godhi.

Taphicha irraa maal akka hubatte gaafachuun duub-deebii kenni.

Taphni kun, iddo garagaraatti maqaa garagaraa qabaachuu  
danda'a. Fakkeenyaaaf, bakka tokko tokkotti 'Hibboon-xar' iddo  
kaanitti ammoo 'Hibboon-tar', 'Leedoo-leedichaa', 'Tayoon-tayii' fi  
kanneen kana fakkaatu jedhamee waamama. Kanaafuu, daa'imni  
haala qabatama naannoo isheen akka taphattu taasisi.

## Barannoo 4: Tiksee Sobduu

Wayitii: 8



**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni:

- sobuun gocha badaa/gadhee akka taheefi deebi'ee  
abbuma sobe sana akka miidhu addaan nibaafatti.

### **Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru akka bananii ilaalan gochuun waa'ee fakkii tilmaama qaban akka himan godhi.

Hoolonni, namoonni, jeedalli, tikseen/gurbichi maal hojjachaa akka jiran gaafadhu. Akkasumas, sobuun miidhaa inni qabu gaafadhu.

Kanaan dura sobanii miidhaan irra ga'ee kan beektu yookiin beekan yoo jiraate akka himan gaafadhu. Itti aansuun, oduu durii armaan gadii fakkiin walbira qabaa dubbisiif. Achiis, oduu durii kana irraa maal akka hubatan gaafachuun duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, daa'imni ergaa oduu durii kanaa hubachuu ishee, sobuun gadhee akka taheefi deebi'ee abbuma sobe sana miidhuu akka danda'u hubachuu ishee hordofuu duub-deebii kenni.

## Tiksee Sobduu

Bara durii tiksee sobduu tokkotu ture. Tikseen kun, gaaf tokko, "Yaa biyyaa, jeedalli hoolota kiyya nyaattee na dhaqqabaa," jedhee sobee iyye. Namoonni iyya isaa dhaga'anii birmatanii yoo dhaqan, mucichi, "Ani homaa hintaane; calliseetuman iyye," jedhee itti kolfe. Yeroo kana, namoonni birmatanii dhaqan aaranii gara mana isaanitti deebi'an. Ammas, guyyaa lammaffaa, "Uu! Uu! Uu! Jeedalli hoolota kiyya nyaachuuf dhuftee, na dhaqqabaa!" jechuun guddisee iyye. Akkuma gaafa duraa namoonni birmataniifii, "Maal taate?" jedhaniin. Ammas, mucichi akkuma guyyaa darbe, "Sobeen iyye malee hoomaa hintaane," jedhee itti kolfe.

Gaafa biroo, jeedalli bosona keessaa baatee hoolota isa jalaa nyaachuuf itti fiigde. Mucichis namoonni akka birmataniif iyye. Namoonni naannoo sana jiran garuu, 'akkuma duraanii sobee iyya' jedhanii birmachuufii dhiisan. Yeroo kana jeedalli hoolota isaa nyaattee fixxe. Guyyaa sanaa jalqabee tikseen sun sobuun miidhaa malee bu'aa akka hinqabne baree sobuu dhiise jedhama.

## Barannoo 5: Faaruu Hirmaanaa

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni:

- jaalala Oromoone ameessaaf/hirmaanaaf qabdu nidinqisiifatti.

### **Ga'ee barsiisaa/tuu**

Jalqaba, daa'imni fakkii kitaaba irra jiru akka ilaaltu gochuun waa'ee fakkii tilmaama qabdu akka himtu godhi. Faaruun hirmaanaa faaruu ameessa ittiin faarsan ta'uu itti himi. Daa'imni faayidaa hirmaanaa/ ameessaafi faayidaa aannanii waan beekan akka himan gaaffii adda addaa gaafachuun miira daa'imaan dadammaqsi. Itti aansuun, faaruu hirmaanaa armaan gadii faarsitee itti agarsiisuun daa'imman of danda'anii akka shaakalan godhi. Daa'imni faaruu irraa maal akka hubatte gaafachuun duub-deebii ketti. Dhuma irratti, daa'imni Oromoone maaliif hirmaana/ameessa akka faarsu addaan baastee hubachuu isheefi faaruu irraa maal akka baratte himuu danda'uu ishee hordofuun duub-deebii ketti.

## Faaruu Hirmaanaa

Hirmaanolee tiyyaa;

Aannaniin hirmaanee gaarree tiyyaa;

Jabbii itti baasii elmi aayyoo tiyyaa

Hirmaanni kosii koraa;

Kosiin dikooftee aabbaan nilolaa;

Hirmaanolee tiyyaa;

Hirma dhalaa kutee gaarree tiyyaa;

Hirmaanolee tiyyaa;

Gur'uu bukkeessee gaarree tiyyaa;

Hirmaanolee tiyyaa;

Aayyoo loon hirmaanaa diimtuu tiyyaa;

Hirmaanaa mar'ataa;

Mar'a waatiyyoo caqafataa;

Hirmaanee jarjaraa ;

Jarjaree fiixee gaafaa raasaa.

## Barannoo 6: Eebba Manguddoo

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni:

- gochaalee ishee eebbisiisan addaan nibaafatti.

### **Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun waa'ee fakkii waan tilmaaman akka himan taasisi. Itti aansuun, oduu durii armaan gadii kan eebba manguddoo irratti xiyyeffate fakkiin walbira qabaa dubbisiif. Dhuma irratti, daa'imni gochaalee ishee eebbisiisu addaan baafachuun ishee hordofuun duub-deebii kenni. Oduu durii kana irraa maal akka hubatte gaafachuun duub-deebii kenni.

### **Obbo Boruufi Ijoollee Dabballee**

Bara durii, manguddoo obbo Boruu jedhamu tokkotu ture. Obbo Boruun, gaafa tokko ijoollee Dabballee umriin isaanii wagga torba ta'e qe'ee isaanii jirtu walitti qabanii waa'ee seenaa maatii Obbo Galchuu Haroo akkas jechuun itti hime: "Ijolle, namni maqaan isaa Obbo Galchuu Haroo jedhamu tokkotu ture. Namni kun ijoollee

dhiiraa Leencoofi Galgaloo jedhaman qaba ture. Obbo Galchuun baay'ee waan dulloomeef, humna dhabe.

Galgaloon abbaa isaa nigargaara ture. Yeroo inni isa waamu dafee jalaa owwaata; yoo ergatus dafee dhaqaaf. Yeroo inni gadi bahuu barbaadu dafee ulee kenneefii tirsee iddo teessumaatiin ga'a. Akkasumas, yoo aduun isa gubde dafee gara manaatti ol galcha.

Yoo namoonni ollaa isa ergatan, ni'ergamaaf. Leencoon garuu, kana hunda hinraawwatu; of jaallataadha.

Obbo Galchuun guyyaa tokko ganama lafaa ka'ee Galgaloo yaamee, 'Mucaa koo sin eebbisaa harka kee bal'isii as qabi,' jedheen. Galgaloonis, dafee harka isaa bal'isee jala qabannaan Obbo Galchuun akkana jedhee eebbise:

'Ilma kiyya,  
Arrii tiyya tana gahi!  
Abaarsa moggaa bahi!  
Eebba walakkaa bahi!  
Misii mishingaa tahi!  
Ariitu dhaqqabi!  
Dheessitu jalaa bahi!  
Agaree Yaayyi tahi!  
Reebuu warseessa tahi!  
Leenca nyaaraa tahi!  
Ejersa gaaraa tahi!

Daraarii garbuu tahi!  
Gaara namaa tahii guddadhu!  
Gaara lafaa tahii mulladhu!  
Cirracha galaanaa tahi!  
Bishaan Abbayaa tahi!  
Hammaaranii si hinfixiin! " jedhee eebbise.

Obbo Galchuun akkuma ilma isaa Galgaloo eebbiseen boqote. Sana booda, Leencoofi Galgaloon jirenya isaanii mo'achuuf hojjachuu itti fufan. Galgaloon, loon kumaatamaan horee kiilla lixe. Leencoon garuu, jirenya gadadoo jiraachuuf dirqame. Kunis, sababa eebba abbaa isaa dhabuu irraa akka ta'e hubatee baay'ee gaabbe," jedhama.

"Kanaafuu, ijoolle too, eebbi manguddoo baay'ee barbaachisaa waan ta'eef, tola itti oolaa; eebba irraa fudhadhaa!" jedhanii gorsan. Itti aansuunis, "yaa ijoolle, mee anis isinan eebbisaa gadi taa'aa," jedhanii haala armaan gadiin eebbisan:

"Yaa ijoolle, guddadhaa!  
Ol lataa dagaagaa!  
Horaa banqaanaa!  
Haadhaafi abbaa baadhaa!  
Angafaafi maandhaa baadhaa!  
Gadaafi Gadaamoojii baadhaa!  
Ijji diinaa isin hinargin!" jedhanii ijoolle eebbisan.

## Barannoo 7: Binoo-Bineentii

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- bifa taphaan bineeldota foon isaanii nyaatamuufi  
hin nyaatamne addaan nibaafatti.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkiilee bineeldota garagaraa kitaaba  
daa'ima irra jiran, maqaan isaanii jalatti barreeffame, itti  
agarsiisi. Bineeldota kanneen keessaa kan foon isaanii  
nyaatamaniifi hin nyaatamne kan beekan akka walitti himan  
gaafadhu. Itti aansuun, seera taphni "Binoo-bineentii" itti  
taphatamu daa'imatti himuun jalqaba daa'ima tokko filachuun  
taphicha haala armaan gadiitiin taphachuun itti agarsiisi.

Fakkeenyaa:

Barsiisaa: Binoo

Daa'ima: Bineensa

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Waraabessa

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Saree

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Harree

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Leenca

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Jaldeessa

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Bosonuu

Barsiisaa: Maal nyaatta?

Daa'ima: Lukkuu

Barsiisaa: Sirriidha.

Itti aansuun, daa'imman lama lamaan akka taphatan gochuun  
yommuu isaan taphatan hordofuun deeggarsa barbaachisu godhiif.  
Dhuma irratti, daa'imni haala taphaan bineeldota foon isaanii  
nyaatamuufi hin nyaatamne addaan baafachuu ishee hordofuun  
duub-deebii kenni.

Barsiisaa/tuu, daa'imni gaafattuufi gaafatamtu dabaree dabareen waljijiirtee akka taphattu gochuu hindagatin. Tapha kana keessatti saffisaan deebisuun seera taphaa keessaa isa tokkoofi isa bu'uuraa tahuu hubachuun daa'imni dhawaataan akka saffisa dabalaan deeman shaakalchiisi.

## Barannoo 8: Muka Mukkurree Ganne

Wayitii: 8



**Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- mukkeeen keessaa muka ulfoo ta'an addaan nibafatti;
- faayidaa mukni qabu addaan nibaafatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba daa'imni fakkii kitaaba irra jiru akka ilaaltu gochuun faayidaa mukaa kan beektu akka himtu gaafadhu. Itti aansuun, tapha 'Muka Mukkurree Ganne' jedhu daa'ima tokko waliin taphachuun itti agarsiisi. Kana booda, daa'imman tapha armaan gaditti dhiyaate lama lamaan akka shaakalan godhi.

Barsiisaa/tuu, tapha kana booda, daa'imni taphicha irraa maal akka hubatte gaafachuu duub-deebii ketti. Keessumattuu, muka ulfoo ta'aniifi faayidaa isaanii hubachuu danda'uun ishee hordofuun duub-deebii ketti.

## Muka Mukkurree Ganne

Barsiisaa: Muka mukkurree ganne

Daa'ima: Ee, ganne

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Sokorruu

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Reejjii

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Waddeessa

Barsiisaa: Dogoggorte

Daa'ima: Maaliif?

Barsiisaa: Waddeessi muka jilaati

Daa'ima: Muka mukkurree ganne

Barsiisaa: Ee, ganne

Daa'ima: Maalfaa?

Barsiisaa: Abbayyii

Daa'ima: Maalfaa?

Barsiisaa: Odaa

Daa'ima: Dogoggorte

Barsiisaa: Maaliif?

Daa'ima: Mallattoo Oromooti

Barsiisaa: Muka mukkurree ganne

Daa'ima: Ee, ganne

Barsiisaa: Maalfaa?

Daa'ima: Dambii

Barsiisaa: Dogoggorte

Daa'ima: Maaliif?

Barsiisaa: Dambiin muka dhibaayyuti.

Barsiisaa/tuu, haaluma kanaan, daa'imman lama lamaan wal jijiiraa akka taphatan godhi. Fakkii mukkeen kitaaba irra jiru akka maqaa dhawaa taphatan qajeelchuu hindagatin. Daa'imni waan jettuuf sababa isaa akka himtu jajjabeessi.

## Barannoo 9: Tuqaa

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- oduu durii irraa ofitti amanamummaa nibaratti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba, daa'imni fakkiilee kitaaba irra jiru akka ilaaltu gochuun waa'ee isaanii akka tilmaaman godhi. Itti aansuun, oduu durii armaan gadii fakkiilee kitaaba daa'imaan irra jiruun walbira qabuun dubbisiif. Oduu durii irraa maal akka hubatan gaafadhu. Dhuma irratti, daa'imni ofitti amanamummaan gaarii akka ta'eefi of-tuffachuun badaa akka ta'e addaan baafachuu danda'uu ishee hordofuun duub-deebii kenni. Dabalataanis, daa'imman oduu durii biroo kana fakkaatu kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni.

### Tuqaa

Bara durii, Tuqaan intala warra jabaa irraa ilma isaatti fuudhhuu barbaade. Sana booda, "waan hunda caalaa aduutu jabaadha"

jechuu dhaga'ee aduu biraan deemuun, "Situ hunda caalaa jabaadha jedhanii intala kee ilma kootiif naaf kenni," jedhee kadhate.

Aduunis, "Dhuguma hunda nan caala. Biyya lafaa kanallee gubee balleessuu nan danda'a. Garuu, duumessatu haguugee na dhoorka. Kanaafuu, isatu na caalaa intala isaa fuusisi," jetteen.

Tuqaanis, duumessa bira deemee, "Situ aduu caala jedhanii intala kee ilma koof naaf kenni," jedhee kadhate.

Duumessis, "Dhuguma aduu nan caala. Garuu, akka ani biyya lafaa kana guutumaa guutuutti hindukkaneessine asiifi achi facaase kan ana bittinneessu tulluudha. Kanaafuu, Tulluutu na caalaa intala isaa fuusisi," jedheen.

Tuqaanis, Tulluu bira deemee, "Situ duumessa caalaa jabaadha jechuun dhaga'ee ilmaan deemaa; intalaaf deemaa," jedhee kadhate.

Tulluunis, "Dhuguma duumessalleen caala. Garuu, kan garaa koo uree asiifi achi na keessa deemu Tuqaa kan jedhamudha. Kanaafuu, isatu na caalaa, deemii intala isaa fuusisi," jedheen. Tuqaanis, deebi'ee ilma isaa intaluma Tuqaa fuusise jedhama.

## Barannoo 10: Hiibboo

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- tapha hiibbootiin dandeettii waa xiinxaluu nigabbifatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba, daa'imni kanaan dura hiibboo taphattee beekuufi dhiisuu ishee gaafadhu. Itti aansuun, hiibboo kitaaba daa'imaan irra jiru keessaa isa jalqabaa daa'ima tokko waliin taphachuun itti agarsiisi. Deebii hiibboo argachuuf fuulcha kennuufii hindagatiin. Sana booda, daa'imman lama lamaan hiibboo kitaaba isaanii irra jiru dabaree dabareen akka taphatan godhi. Daa'imni adeemsa hiibboon itti taphatamu eegdee akka taphattu godhi. Fakkeenyaaaf, daa'imni tokko yoo deebii hiibboo dhabde, biyya kennitiif; kan lafa kenne dabalataan arrabsamuu dandeessi; akka hinarrabsine waan gochuu qabdu dursii itti himi. Fakkeenyaaaf, 'Mana aayyaa seenee gaadii jiidhaa qabadhe' akka jedhan itti himi. Fuulcha deebii hiibboo bira ittiin gahuu danda'anis itti agarsiisi. Dhuma irratti, daa'imni fuulcha gargaaramuuun deebii hiibboo kennuu danda'uu ishee hordofuun duub-deebii kenni.

Fakkeenyaa,

Barsiisaa: Hibboo/Hibbakka

Daa'ima: Hibib

Barsiisaa: Harreen tiyya sadii sadanuu mi'a tokko  
baatti.

Daa'ima: Waaqaa lafaa?

Barsiisaa: Miti

Daa'ima: Namaa sa'aa?

Barsiisaa: Miti

Daa'ima: Alaa manaa?

Barsiisaa: Manattuu

Daa'ima: Sunsuma ibiddaati

Barsiisaa: Argattee jirta.

Haaluma kanaan, daa'imman hiibboo hafan kan kitaaba isaanii irra  
jiru lama lamaan dabaree dabareen akka waliin taphatan gochuun  
deeggarsa gochaa deemi.

Fakkeenyaa,

Gaafataa: Hiibboo

Gaafatamaa: Hibbakka/hibib

Gaafataa: Kabballaan albaati.

Gaafatamaa: Waaqaa lafaa?

Gaafataa: Lafattuu

Gaafatamaa: Alaa manaa?

Gaafataa: Manattuu

Gaafatamaa: Qaban xiixaa? Dhawan fiigaa?

Gaafataa: Hinxiixu; hinfiigu.

Gaafatamaa: Gingilchaa

Gaafataa: Sirriitti argattee jirta.

### Deebii hiibboo

1. Gaaddidduu
2. Sunsuma
3. Fal'aana/mooqaa
4. Funyaan
5. Killee/Okokkaaniifi lukkuu

## Barannoo 11: Jimaa-Jimiitee

Wayitii: 8

**Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- miira ofii to'achuu nibaratti;
- naamusa nigabbifatti;
- walitti dhufeenyaa hawaasummaa nicimsatti.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun waan hubatte akka himtu gaafadhu. Jalqaba, qajeelfama taphichaa itti himi. Sana booda, daa'imman afur filachuun tapha Jimaa-jimiitee waliin taphachuun itti agarsiisi.

Fakkeenya,

**Barsiisaa: Jimaa-jimiitee!**

**Daa'imman: Jim**

**Barsiisaa: Hanga lukkuun koo baar-gama ceetee deebitutti namni                    dubbate, namni kolfeefi sagalee dhageessise kana hunda                    jim:**

- Harree duute nyaata
- Fincaan saree dhuga
- Malaa okkotee tokko dhuga
- Farda rae nyaata.

Daa'imman: Miira ofii to'achuun kolffuu, dubbachuufi sagalee  
dhageessisuu dhiisu

Barsiisaa: Daa'imman kofalchiisuu, dubbachiisuuf gochaafi jechaan  
waan hedduu yaala. (Daa'imman harkaan tuquun  
dhorkaadha; maqaa waamuun garuu nidanda'ama)

Barsiisaa: Daa'ima kolfiteen 'Ati nyaatte' jechuun warra hafan  
kofalchiisuuf yaala. Dhuma irratti, lukkuun isaa baar-  
gamaa deebi'uu ishee agarsiisuuf sagalee 'kukkuluuluu'  
jedhu dhageessisa.

Dhuma irratti, tapha kana irraa maal akka hubatte gaafachuun  
duub-deebii kenni.

Barsiisaa/tuu, daa'imman hundi gareen qoodamuun dabaree  
dabareen akka taphatan godhi. Daa'imni tapha biroo kana fakkaatu  
kan beektu yookiin maatii gaafattee daree keessatti akka  
taphattu godhi.

## Barannoo 12: Beenu Niduullaa

Wayitii: 8

 **Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- faayidaa uumama adda addaa nibaratti
- uumama amala walfakkaataa qaban addaan nibaafatti

### **Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun daa'imni waan irraa hubatte akka himtu gaafadhu. Itti aansuun, tapha armaan gadii daa'ima tokko waliin taphadhuu itti agarsiisi. Dhuma irratti, taphicha irraa maal akka hubatte gaafachuun hubachuu ishee hordofuun duub-deebii kenni.

### **Beenu Niduullaa**

Barsiisaa: Beenu niduullaa

Daa'ima: Maal nyaannee?

Barsiisaa: Waan warri nuuf kenne .

Daa'ima: Yoo nu dhoowwatan hoo?

Barsiisaa: Maa hindhaanne?

Daa'ima: Eessa fa'a?

Barsiisaa: Harma jala.

Daa'ima: Harma jalaa maaltu baha?

- Barsiisaa: Amartiidha.
- Daa'ima: Hamartii maaltu kaayyata?
- Barsiisaa: Jaartiidha.
- Daa'ima: Jaartiin eessatti galti?
- Barsiisaa: Mana galti.
- Daa'ima: Manaa maaltu baha?
- Barsiisaa: Aara.
- Daa'ima: Arri eessa dhaqa?
- Barsiisaa: Samii dhaqa.
- Daa'ima: Samii maaltu baha?
- Barsiisaa: Rooba.
- Daa'ima: Roobni eessa seena?
- Barsiisaa: Lafa seena.
- Daa'ima: Lafaa maaltu baha?
- Barsiisaa: Margatu baha.
- Daa'ima: Marga maaltu dheeda?
- Barsiisaa: Goromsatu dheeda.
- Daa'ima: Goromsi dhale moo hindhalle?
- Barsiisaa: Dhale.
- Daa'ima: Dil'uu eessa keessan?
- Barsiisaa: Dallaa irra kaayeetan allaatiin fudhatte.
- Daa'ima: Ariite moo hinariine?
- Barsiisaa: Ari'e.
- Daa'ima: Hanga eessatti?

Barsiisaa: Hanga baar gamatti.

Daa'ima: Baar guutuudha moo hir'uudha?

Barsiisaa: Guutuudha

Daa'ima: Akkamitti ceetee ree?

Barsiisaa: Tokkoon kottoonfadhee; tokkoon bargaafadhee.

Daa'ima: Si qofaatu tokkoon kottoonfatee; tokkoon  
bargaafataa raachi hoo?

Barsiisaa: Raachi waan bishaan galaati.

Daa'ima: Raacha qofaatu bishaan galaa roophiin bishaan  
hingaluu?

Barsiisaa: Roophiin waan gurra bal'ataati.

Daa'ima: Roophii qofaatu gurra bal'ataa wantaan hoo ?

Barsiisaa: Wantaan meeshaa lolaati.

Daa'ima: Wantaa qofaatu meeshaa lolaatii eeboon hoo?

Barsiisaa: Eeboon waan qara addaataati.

Daa'ima: Eeboo qofaatu qara addaataa daaraan hoo?

Barsiisaa: Daaraan waan baasanii gatani.

Daa'ima: Daaraa qofa baasanii gatuu faltiin hoo?

Barsiisaa: Faltiin nikuufama;

Kuusni dikee taha;

Dikeen lafa gabbisa;

Taphni keenya asirratti xumurama;

Na ofkolchi.

Barsiisaa/tuu, haaluma kanaan, daa'imman hundi lama lamaan  
waljijiiranii dabaree dabareen akka taphatan gochuu hindagatiin.  
Dabalataan, taphoota adda addaa maatii isaanii gaafatanii akka  
fidanii daree keessatti hiriyoota isaaniitti himan jajjabeessi.

SIMISTEERA LAMMAFFAA

## Barannoo 13: Sangoota Sadan

Wayitii: 10

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- faayidaa tokkummaan qabu addaan nibaafatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun daa'imni waa'ee fakkii tilmaama qabdu akka himtu godhi. Itti aansuun, faayidaa tokkummaan qabu gaafadhu. Sana booda, oduu durii armaan gadii fakkiin walbira qabaa dubbisiif. Dhuma irratti, daa'imni ergaa oduu durii kanaa addaan baafachuu ishee hordofuun duub-deebii kenni. Akkasumas, faayidaa tokkummaan qabu hubachuu ishee bifaa gaaffiin hordofuun duub-deebii kenni.

### Sangoota Sadan

Bara durii, sangoota sadiitu wajjiin jiraatu ture. Isaanis, adii, burreefi gurraacha turan. Sangooni sadan tokkummaa waan qabaniif diinni gidduu isaanii seenee isaan miidhu hindanda'u ture. Kan isaan nyaachuu fedhus sababa isaan tokkummaa qabaniif isaan argachuu hindanda'u ture.

Waraabessi yeroo heddu nyaachuuf yaalee dadhabe. Gaaf tokko, bifaa isaaniitiin adda adda isaan qoqgoodee nyaachuuf murteesesse. Ganama gaaf tokkoo sangaa gurraachaafi burree kophatti waamee, "Bifni keessan lamaan halkan hinmul'atu; kan sangaa adii kun garuu halkan fagootti mul'ata. Kun immoo, diina isinitti baay'isaa jira. Kanaafuu, sangaa adii kana of keessaa baasaa," jedheen. Isaanis, sangaa adii hiriyaa isaanii kan waggaa dheeraa wajjiin jiraatan sana ofkeessaa baasan. Waraabessichis sangaa adii kophatti argatee qarxamsee nyaate.

Waraabessichi, guyyaa lammaffaa gara sangaa gurraachaa dhufee, sangaa burree irraa akka adda buhu gorse. Haala kanaan, sangoota burreefi gurraachas addaan baase. Kana booda, lamaan isaanii kophaa kophatti argatee nyaate jedhama.

Barsiisaa/tuu, daa'imni oduu durii kana irraa maal akka baratte gaafachuun duub-deebii ketti. Daa'imni oduu durii kana fakkaatu kan beektu yookiin maatii gaafachuun dareetti akka himtu gochuun duub-deebii ketti.

## Barannoo 14: Firooma Abbaa

Wayitii: 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- firooma karaa abbaan jiru addaan nibaafatti;
- maqaalee firooma karaa abbaan jiru addaan nibaafatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun daa'imni waan hubatte akka himtu godhi. Itti aansuun, firooma karaa abbaan jiru kan beektu akka walitti himtu godhi.

Kana booda, firooma karaa abbaan jiru (wasiila/abbeera, adaadaa/haboo, akaakayyuu/akaakoo, abaabayyuu/abuuboo....) maal jechuu akka ta'e sirriitti ibsiif. Akkasumas, daa'imni maqaalee firooma karaa abbaan jiru maatii gaafachuun daree keessatti akka walitti himtu godhi. Dhuma irratti, daa'imni firooma karaa abbaan jiruufi maqaalee firoomaa karaa abbaan jiru addaan baafachuu ishee hordofuun duub-deebii kenni.

Barsiisaa/tuu, firoomni karaa abbaan jiru Oromiyaa iddo adda addaatti maqaalee adda addaa qaba. Fakkeenyaaaf, obboleessi

abbaa iddo garagaraatti wasiila, abbeeraa, adeera.... jedhamee wamama. Abbaan abbaa ammoo, akaakoo, akaakayyu.. jedhamuun beekama. Akaakayyuun/akaakoon abbaa ammoo, abuuboo, abaaboo, abaabayyuufi kanneen kana fakkaatan jedhamuun waamama. Akkasumas, abaabayyuun abbaa abutturoo, abuu, akaakileefi kanneen kana fakkaatan jedhamuun waamamu. Kanaafuu, daa'imni haala qabatamaa naannoo isheetiin firooma karaa abbaa isheen jiru akka hubattu taasisi. Kan kee sirrii miti; kiyyatu sirriidha. Kanaafuu, akkas jedhama jechuun hindanda'amu.

## Barannoo 15: Firooma Haadhaa

Wayitii: 10



**Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- firooma karaa haadhaan jiru addaan nibaafatti;
- maqaalee firooma karaa haadhaan jiru addaan nibaafatti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun waan hubatte akka himtu godhi. Itti aansuun, daa'imni firooma karaa haadhaan jiru kan beektu akka walitti himtu godhi.

Kana booda, firooma karaa haadhaan jiru (eessuma/ abuyyaa, adaadaa/haboo, akaakayyuu/akaakoo, abaabayyuu/abuuboo....) maal jechuu akka ta'e sirriitti ibsiif. Akkasumas, firooma karaa haadhaan jiru maatii gaafachuun daree keessatti akka walitti himtu godhi. Dhuma irratti, daa'imni firooma karaa haadhaan jiruufi maqaalee firoomaa karaa haadhaan jiru addaan baafachuu ishee hordofuun duub-deebii kenni.

Barsiisaa/tuu, firoomni karaa haadhaan jiru Oromiyaa iddo adda addaatti maqaalee adda addaa qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaaf, obboleessi haadhaa abuyyaa, eessumaafi kanneen kana fakkaatu

jedhamee waamama. Obboleettiin haadhaa ammoo, haboo, hindooyyee, areeraa, adaadaa, haddiqqoo, eessumeefi kanneen kana fakkaatu jedhamee waamama. Abbaan haadhaas, akaakoo, akaakayyuu jedhamuun beekama. Akaakayyuun/akaakoon haadhaa ammoo, abuuboo, abaaboo, abaabayyuufi kanneen kana fakkaatu jedhamuunis niwaamama. Akkasumas, abaabayyuun haadhaa abutturoo, abuu, akaakileefi kanneen kana fakkaatan jedhamuun waamamuu malu. Kanaafuu, daa'imni haala qabatamaa naannoo isheetiin firooma haadha ishee akka hubattu taasisi. 'Kan kee sirrii miti; kan sirriiakkana yookiin akkas jedhama' jechuun hindanda'amu. Daa'imaaf kan naannoo ishee sirriidha.

## Barannoo 16: Dhugaafi Dhara

Wayitii: 10



**Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- Karaan dhugaa qajeelaa ta'uu addaan nibaafatti;
- Karaan sobaan darban badii akka fidu addaan nibaafatti.



### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisuun daa'imni waa'ee fakkii tilmaama qabdu akka himtu godhi. Miidhaa soba dubbachuun qabuufi faayidaa dhugaa dubbachuun qabu maal akka t'e kan beekan akka himtu gaafadhu. Itti aansuun, oduu durii mata-duree 'Dharaafi Dhugaa' jedhuun armaan gaditti dhiyaate fakkii kitaaba ishee irra jiruun wal bira qabaa itti himi. Dhuma irratti, daa'imni oduu durii kana irraa maal akka hubatte gaafadhu. Yaada daa'imni kennitu irratti hundaa'uun ergaa oduu durichaa adda baafachuu ishee hordofuun duub-deebii kenniif.

Wayitiilee itti aanan keeessatti, oduu durii ergaa walfakkaatu qaban kanneen duraan beektu yookiin maatii ishee gaafattee daree keeessatti hiriyyoota isheetti akka himtu taasisi.

## Dhugaafi Dhara

Bara durii, dhugaafi dharri ollaa walii jiraataa turan. Guyyaa tokko, osumaa loon tiksaa dharri dhugaa ajjeestee loon isaa fudhachuuudhaaf ammeenya yaaduu eegalte. Gaaf tokko osoo loon waliin tiksaa dhugaan loon lagaa ol yaasuuf gadi bu'e. Yeroo kanatti, dharri dhagaa guddaa ol kaastee gubbaa gadi itti lakkiste.

Dhagaan isheen itti gad lakkiste yeroo dhugaa bira gahu, warqii ta'eef. Dhagaan hedduu gammadee warqii baadhatee ol bahe. Dharris, maal baatee akka deemu gaafatte. Dhugaanis, dhagaan tabba gubbaa utaalaa dhufee isa bira gahee warqii akka ta'eef itti hime. Dharri kaayyoon ishee milkaa'uufii dhabuutti aartee, "Mee anis gadin bu'aa, dhagaa natti gad lakkisi," jettee dhugaa kadhante.

Dhugaanis dharaan, "Lakkii dhagaan kun dhahee si ajjeesaa," jedhee kadhate. Dharri garuu, "Lakkii homaa na hingodhu; waanuma ani siin jedhe naaf godhi," jettee didde. Sana booda, dharri gara lagaa gadi buutee dhagaa gaara irraa itti dhufu eeggachuu jalqabde. Dhugaanis, dhagaa guddaa tabba irraa gadi itti konkolaachise. Dhagichi filliidamaa dhaqee osoo dharri warqii naaf ta'a jettee eegduu dhahee hallayyaa buuse jedhama.

## Barannoo 17: Manguddoota Keenya

Wayitii: 8

**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- jaalalaafi kabaja manguddoof qabdu faaruun ni'ibsatti.

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Daa'imni manguddoo hangam akka jaalattuufi maaliif akka jaalattu gaafadhu. Itti aansuun, fakkii kitaaba daa'imaan irra jiru itti agarsiisaa faaruu manguddootaa armaan gadii jalqaba faarfadhuu itti agarsiisi. Sana booda, daa'imman waliin erga faarfatee booda of danda'anii akka faarfatan taasisi.

### MANGUDDOOTA KEENYA

Yaa manguddoota keenya,

Worra angafoota keenyaa,

Kan dargaggeessa kaleessaa,

Har'a isaan humna dhabeessaa,

Dachii Oromiyaa eeganii,

Qabeenya uumamaa hunda kunuunsanii,

Hundaa nuun gahanii,  
Galata guddaa nu biraq qaban,  
Nifaarfanna manguddoota,  
Isaan madda beekkumsaa,  
Manni kitaabaa qoma isaanii keessaa,  
Deemnee irraa fudhannaa gorsa cimeessaa,  
Isaan irraa barannaa seenaa kaleessaa,  
Waan hunda caalaa manguddoota nuuf jabeessaa,  
Seenaa qofaa mitii kan odeessan,  
Kan har'aas sirriitti barsiisanii,  
Kan boruus midhaagsanii beekanii,  
Hedduudha maqaan isaanii,  
Kan worra biyya bulchuu Gadaa jedhamanii,  
Kan seeraafi aadaa labsan immoo Yuubawwanii,  
Worri icciitii raagaan himan Gadamoojjiwwanii.  
Maal kana qofaa fayidaan isaanii,  
Manguddooni eebba nuuf lolaasanii,  
Hamaafi hamtuu nurraa oolchanii,

Milkii nu badhaasanii.

Dhuma irratti, ergaan faaruu kanaa maal akka ta'eefi maal akka irraa baratan gaafadhu. Daa'imni jaalalaafi kabaja manguddoof qabdu faaruu kanaan ibsachuu danda'uu ishee hordofuudhaan duub-deebii kenniif.

## Barannoo 18: Mi'oota Ulfoo Gadaa

Wayitii: 10



**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- mi'oota ulfoo Gadaa addan nibaafatti.

9

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii mi'oota ulfoo Gadaa kanneen kitaaba daa'immaa irra jiran tokko tokkoon itti agarsiisuun maal akka ta'an, yoom, eenyu, eessatti akka qabatamu/godhatamu waan beektu akka himtu gaafadhu. Itti aansuun, mi'oota ulfoo Gadaa kan biroo kan beektu yookiin maatii gaafachuun maal akka ta'an, yoom, eessatti, eenyuun akka qabataman/godhataman akka walitti himtu godhi. Daa'imni mi'oota ulfoo Gadaa kitaaba ishee irra jiran ilaalchisee yaada isheen kennitu irratti hundaa'uun ibsa dabalataa kenniif. Dhuma irratti, daa'imni mi'oota ulfoo Gadaa adda baafachuu ishee hordofuun duub-deebii kenni.

Barsiisaa/tuu, mi'oondhi ulfoo Gadaa mi'oota Sirna Gadaa keessati kabaja guddaa qabanidha. Mi'oondhi kunneen bakka garagaraatti maqaalee garagaraa akka qaban daa'immanitti himi. Mi'oondhi kitaaba daa'immaa keessatti kennamanis iddo garagaraatti maqaa

adda addaa qabu. Kanaafuu, hiikni mi'oota ulfoo Gadaa muraasni armaan gaditti ibsame kun bakka birootti maqaa biroon beekamuu akka danda'u ilaalcha keessa galchuun murtessaadha.

**Kallacha:** Kallachi mi'a ulfoo Abbaan Gadaa kallacha isaatti hidhatudha. Mi'i kun ilka arbaa yookiin sibiila saldaqaa jedhamu irraa hojjatama. Kallacha Abbaa Gadaafi warra gadoomee Gadaammojjii ta'an qofatu hidhata. Abbaan Gadaa yeroo jiloota adda addaa gaggeessu adda isaatti hidhatee gaggeessa.

**Alangee/Lichee:** Alangeen mi'a ulfoo Gadaa kan gogaa roophii irraa hojjatamuudha. Akka aadaa Oromootti Alangee Abbaa Gadaa qofatu qabata. Abbaan Gadaa murtii sadarkaa isaatti muramee uummataaf darbu yookiin nama dhuunfaa irratti darbu tokko Alangee isaatiin mirkaneessa.

**Bokkuu:** Sirna Bulchiinsa Gadaa keessatti Bokkuun mi'a ulfoo woyyuu ta'an keessaa tokko. Bokkuun mukkeen jajjabaa akka ejersaa buqqisanii irraa hojjatan. Namni Bokkuu qabatu Abbaa Gadaa, Abbootii Murtii, Qaalluufi Faga (Abbaa Bokkuu)ti. Bokkuun yeroo jilaatiin alatti woddeessa, siingeefi horooroo waggiin kabajaan qabamee mana keessa taa'a malee akkuma ulee kamiiyyuu hinadeemaniin. Walumaagalatti, mi'oota ulfoo Gadaa

keessaa Bokkuun hunda caalaa akka woyyuutti  
fudhatama.

**Horooroo:** Horooroon mi'oota ulfoo Gadaa keessaa isa namni  
fuudhee qabatuudha. Akka aadaa Oromootti dubartiin  
heerumte siinkee kan qabattu yoo ta'u, mucaan  
fuudhee haadha warraa godhate tokko horooroo  
qabata. Horooroon muka harooreessa irraa muka ulee  
fakkaatu kan gara gubbaatiin barkoo (baalla) lama  
qabu kan gara jalaatiin immoo waan bokkuu fakkaatu  
qabu tokkotti yeroo ilmi fuudhee haadha worraa  
godhatu abbaan qopheessaaf.

**Guutimala:** Guutimalli mi'a ulfoo Gadaa kan dubartoonni gulantaa  
Gadoomaa irra gahan mataa isaanii irratti  
godhataniidha. Guutimalli ribuu foon loonii irraa  
hojjatama.

**Siinkee:** Siinqueen muka harooreessa yookiin kan biroo irraa  
hojjatamee dubartiin Haadha Siinkee qabattee  
waldhabdee araarsuufi jiloota adda addaa gaggeessuuf  
itti gargaaramtuudha. Kan siinkee qabattus dubartii  
heerumtee abbaa warraa qabduudha.

**Ruufa:** Ruufni mi'a ulfoo Gadaa huccuu barruu yookiin halluu adda  
addaa qabu irraa hojjatamuudha. Akka aadaa Oromootti

ruufa Qaalluufi Abbaa Gadaa qofatu mataatti maratan  
yookiin hidhatan.

**Caaccuu:** Caaccuun gogaa loonii irraa qaql'isanii babbaqaqsanii  
dubartii deessuun yookiin heerumte harka isheetti  
hidhattudha. Baay'inni gogaa babbaqaquu kun  
sagaliidha. Caaccuu yeroo jiloonni adda addaa  
gaggeeffamu dubartiin harkatti keeyyatti.

**Saqaa:** Saqaan gogaa horii irraa hojjatama. Saqaan meeshaa ulfoo  
kan haati ilma deesse godhattudha. Gaafa ilma hangafaaf  
maqaa baaftu godhatti. Kanaafuu, dubartiin Saqaa  
godhattu haadha ilmaa ta'uun ishee nibeekama.

**Maxxaarrii:** Maxxaarriin meeshaa ulfooti. Maxxaarriin gogaa horii  
irraa hojjatama. Maxxaarrii warra Gadaafi Dooriiitu  
godhata. Guyyaa hunda osoo hintaane, guyyaa jilaafi  
waaqeffanna kan akka Dhawaa, Dhibaayyuufi  
kanneen kana fakkaatan yommuu gaggeeffamu  
godhatama.

## Barannoo 19: Taakkiyyee

Wayitii: 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- waan hamtuu dalaguun abbuma sana akka miidhu nibaratti;
- walitti dhufeenya nicimsatti.

### Ga'ee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba fakkii kitaaba daa'immaa irra jiru itti agarsiisuun daa'imni fakkii irraa waan hubatte akka himtu gaafadhu. Itti aansuun, qajeelfama taphichaa itti himi. Sana booda, daa'imman afur yookiin shan filachuun isaan waliin taphachuun itti agarsiisi.

### Adeemsaa Taphichaa

Tapha kana daa'imman afuriifi sanaa oltu taphata. Daa'imman tarree tokkoon lafa irra taa'anii miila isaanii gara fuula duraatti diddiriirsu. Isaan keessa daa'imni tokko olka'ee miila hiriyyoонни isaa diriirfataniii jiranii tokko tokkoon ulee qal'oон tuqaa 'taakkiyyee, lamooyyee... jechaa lakkaa'a. Hanga jecha dhumaa

'Mittiriq' jedhu irra gahutti irruma deddeebi'aa mirga irraa gara bitaatti laakka'aa. Daai'imni jechi dhuma 'mittiriq' jedhu miila isaa tokko irra oolte waan hamtuu dalageera waan ta'eef, miila isaa sana nikottoonfata. Ammas, namni taphachiisu lakkaa'uu itti fufa. Kan jechi 'Mittiriq' jedhu irra ga'e ammas nikottoonfata. Haala kanaan, namni dhuma irratti hafe waan hamtuu hindalagne jedhama.

Sana booda, tapha 'Taakkiyyee' jedhu haala armaan gadiin taphachuun itti agarsiisi. Dhuma irratti, tapha kana irraa maal akka hubatte gaafachuun duub-deebii kenni. Tapha biroo kana fakkaatu kan beekan yookiin maatii gaafatanii daree keessatti akka taphatan godhi.

Taakkiyyee

Lamooyyee

Lamaan kaan

Dahabbaa

Darrabbaa

Kuleeynaa

Kulaankul

Goojjee

Gojjabbee

Ta' aaro

Ta daaro

Miiro

Mittiriq

Barsiisaa/tuu, jechoonni tapha 'Taakkiyyee' keessa jiran hundi  
hiika mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaaf,

**Taakkiyyee**-kan tokkoome Waaga

**Lamooyyee**-haadhafi abbaa

**Lamaan kaan-** samiifi dachii

**Dahabbaa-** jiruu fuulduuraa

**Darrabbaa**-jiruu amma irra jirtu

**Kuleeynaa**-yoo hamtuu dalagde hamtuutu si eeggata.

**Kulaankul**-gaarii yoo hojjatte gaariitu si argata.

**Goojee**-madaala hojii keetii ni'argatta

**Gojjabbee** -herrega hojii keetii ni'argatta

**Ta' aaro** - karaa lama deemta

**Tadaaro**- karaa lama deemta

**Miiro**-kan qulqullaa'e gaarii argata

**Mittiriq**-kan hamtuu dalage carraan irra bu'e

## Barannoo 20: Mammaaksa

Wayitii: 8



**Kaayyoo:** Dhuma barannoo kanaatti daa'imni;

- mammaaksota gaggabaaboo irraa naamusaafi safuu nibaratti.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, daa'imni fakkii kitaaba ishee irra jiru ilaalaan waan hubatte akka walitti himtu godhi. Mammaaksa fakkii jalatti barreeffame akka dubbistu gochuun ergaa mammaaksichaa fakkiin wal bira qabaa akka walitti himtu godhi. Yaada isheen kennitu bu'uura godhachuun ibsa irratti kenni. Daa'imni mammaaksa kana fakkaatu kan beektu yookiin maatii gaafachuun daree keessatti akka walitti himtu godhi. Dhuma irratti, daa'imni mammaaksota dhiyaatan irraa naamusaafi safuu hubachuu danda'uu ishee hordofuun duub-deebii kenniif.

### Mammaaksotaafi ergaa isaan qaban

1. Tulluu tokko yaaban tokkotu mul'ata.

(Hojii hojjachuun danda'an dursa yoo hojjatan isa itti aanu hojjachuun salphaadha)

2. Waan lafatti kalan gaalatti fe'an.  
(Yoo dursanii qopheeffatan sirriitti waan gaarii hojjatan)
  3. Jibicha korma ta'u haada irrattuu beekan.  
(waan tokko dursanii adda baafachuu agarsiisa)
  4. Harki dabaree waldhiqa. (Wal-gargaaruu agarsiisa)
  5. Mucha muchaa baatee ro'oo taate.  
(Walitti dhufanii baay'achuu agarsiisa)
  6. Mixiin walqabattee laga ceeti.  
(Tokkummaan barbaachisaa ta'uu agarsiisa)
  7. Dhugaafi aduun nidhokatu malee hinbadan.  
(hunduu yeroo eeggatee ifa ba'a)
  8. Ilkaan hinqabdu; rigaa harkaa qabdi (hawwii agarsiisa)
  9. Harreen fe'iisa geette haadha furti.  
(Ijoolleen yoo guddatan haadhaafi abbaa isaanii  
gargaaran)
- Barsiisaa/tuu daa'imman mammaaksota adda addaa daa'imman naamusa  
barsiisan maatii gaafatanii akka fidanii dareef himan jajjabeessii  
duub-deebii kenniifi.